# Qulqullina jireenyaa: Meeshaa  Kunuunsitootaa

## Yeroo namoonni deggersa dhiheessan yeroo hundumaa fedhii isaanii dubbachuu hin dandeenyetti

Bar gaaffiin kun qulqullina jireenyaa namaa foyyessuuf keessatti miseensonni garee deggersaatiif meeshaa filannoo ittiin waa ilaalanidha. Kunis namni deggeramu sun deebii kennuuf yeroo rakkatutti akkasumas yeroo hundumaa waan barbaadu kunuunsituutti himuu hin dandeenyetti, kunuunsituu kan namicha sirriitti beekuun akka guutamutti kalaqame.

Namoonni waa'ee jireenya isaanii deggersa muraasaan ykn deggersa malee himuu danda'an immoo *Jireenya koo bayeessa fayyadamuu: Meeshaa ittiin miira kee kanneen kaanittiin himtu.*

Qulqullina jireenya namichaa fooyyessuuf yeroo meeshaaleen hedduun jiranitti, meeshaan kun wantota kunuunsitoonni hojjetan ykn waa'ee amala namichaa hubatan,miira ykn yaada namichaa tilmaamuun faallaatti xiyyeeffata.

## Qajeelfamoota

1. Tokkoo tokkoo sanduuqota fuulawwan itti aananiif, sadarkaa itti waliif galtu filadhu.
2. Unka kana erga xumurteen booda, tarkaanfiiwwan hordoffii dhuma dookimentii kanaatti maxxanfame dubbisi: Jireenya namichaa irratti fooyya'iinsa gaarii fiduuf meeshaa kana fayyadamuu.
3. Qulqullina jireenyaa namichaa fooyyessuuf karoora baasuu fi raawwachiisuu. Hanguma isaan danda'anitti waa'ee tarkaanfii itti aanuu itti himuu qaba.

### Fakkeenyaaf

*Tarsiimoo deggersaa jireenya namichaa fooyyessuu danda'an:* Akkaataama barbaachisummaa isaatti karaa tekinooloojii deggersaatiin namichi gargaarsa ni fudhata.

*Kanneen deebii ta'uu malan:*

> **Sirriitti itti waliif hin galu:** Kunuunsitoonni gosa tekinooloojii deggersaa kam iyyuu fayyadamuun namicha gargaaruuf yaalii tokko iyyuu yoo hin goone.
>
> **Waliif hin galu:** Tekinooloojiin deggersaa kana dura kan yaalamee fi amma garuu fayyadamamaa kan hin jirre yoo ta'e.
>
> **Hin beeku ykn ana hin ilaallatu:** Fakkeenya kana keessatti, "hin beeku ykn ana hin ilaallatu" kan jedhu filachuun hin danda'amu, sababni isaas tekinooloojiin gargaarsaa kun namoota wal qunnamtiif rakkatan hundaaf yaalamuu waan qabuuf.
>
> **Ittin waliif gala:** Namichi meeshaa qunnamtii qabaatee darbee darbee kan itti fayyadamu yoo ta'e, garuu yeroo hedduu miti yoo ta'e, ykn adeemsi baruu fi barsiisuu amma iyyuu itti jira yoo ta'e. Guutummaatti dandeettii dubbii meeshaa irratti hubannoo gahaa argachuf wagga hedduu fudhachuu akka malu hubadhu, kun waanuma baratamaadha.
>
> **Sirriittin itti waliif gala:** Namichi meeshaa qunnamtii bu'a qabeessa qabaatee yeroo hedduu qixa sirriittiin kunuunsituu waliin kan wal qunnamu yoo ta'e. "sirriittin itti waliif gala" kan jedhu yoo filattan, miiltoo meeshaa kanaa mata dureen isaa ibsamu kana fayyadamuutu bayeessa: Jireenya koo gaarii: meeshaa miira kee namoota birootiif ittiin ibsitu:

*Tarkaanfiiwwan namicha gargaaruu danda'an:* Bulchaan dhimmichaa karoora namichaatti tajaajila haaraa dabaluu ni danda'a, ispeeshaalitiin immoo meeshaa qunnamtii bu'a qabeessa adda baasuu fi akkamiin akka itti fayyadamu barsiisuu keessatti namicha ni deggera.

## Jalqabe

Maqaa namichaa: ______________________________________________

Guyyaa unki kun itti guutame ykn dhiheenyatti irra deebiin ilaalame: ______________________

Unka kana guutuuf qaama gargaare: ______________________________________

______________________________________________________________

## Agarsiistuuwwanii fi tarsiimoowwan kunuunsituun ilaaluu qaban.

Wantoonni armaan gaditti tarreeffaman mata dureewwan qulqullina jireenyaan wal qabatan adda addaa bocuuf yaadaman, kanaafuu raawwatamiinsi isaanii namoota hunda irratti miti Akkaataa barbaachisummaa isaatti meeshaa kana irratti jijjiirama gochuu ni dandeessa.

| Walitti dhufeenya | Sirriitti itti waliif hin galu | Itti waliif hin galu | Hin beeku ykn ana hin ilaallatu | Ittin waliif gala | Sirriittin itti waliif gala |
|---|---|---|---|---|---|
| Namichi kunuunsitoota caalaa namoota biroo waliin walitti dhufeenya yeroo dheeraa qaba | | | | | |
| Namichi namoota aadaa, amantii ykn enyummaa isaan wal fakkaataa qaban faana carraa wal argee waliin kabajachuu argateera. | | | | | |
| Yoo namichi barbaade, waggaatti al tokko namoota waa’ee isaa dhimmaman faana guyyaa dhaloota isa ni kabajata. | | | | | |
| Yoo xiqqaate waggaatti al lama, namichii fi gareen deggersa isaa duudhaawwan dhuunfaa namichaa kan isaaf barbaachisaa ta’an adda baasu | | | | | |
| Yoo barbaachisaa ta’e, namichi karoora (kan dookimentii biroo irratti hojjetamu) wal qunnamtii hawaasummaa duudhaa dhuunfaa namichaan wal qabatuu, fi karoora hojjettoonni irratti leenji’an ni qabaata | | | | | |
| Hojjettoonni jireenya guyyaa guyyaa keessatti walitti dhufeenya hawaasummaa gaarii ta’aniif beekamtii fi badhaasa ni kennu | | | | | |
| Hojjettoonni sadarkaa fi dandeettii afaanii namichaa irratti leenjii ibsaa fi hubannaa afaanii fudhataniiru. | | | | | |
| Namichi mala fedhii fi yaada isaa ittiin ibsatu(amaloota giddu seentummaa kan hin dabalanne), kan hojjettoonni hubachuu danda’an ni qabaata **ykn** akka namichi dandeettiiwwan kanneen cimsatuuf karoorri barreeffamaa ni jiraata. | | | | | |
| Akkaataa barbaachisummaa isaatti namichi karaa tekinoolooji deggersaa, hiikaa afaanii, turjumaanaa ykn deggersa biroo gargaarsa ni fudhata | | | | | |

| Filannoowwan hiree murteeffachuu | Sirriitti itti waliif hin galu | Itti waliif hin galu | Hin beeku ykn ana hin ilaallatu | Ittin waliif gala | Sirriittin itti waliif gala |
|---|---|---|---|---|---|
| Namichi diinagdee isaa ofumaan to'ata, ykn yoo deggersi barbaachise, qarshii bashannanaa (akka feetee) akkamiin akka baasu namichi ofiin to'ata | | | | | |
| Jireenya guyyaa guyyaa keessatti, namichi namoota hojjetaa hin taaneen wal qunnama (kun qaamaan, bilbilaan, waliin dubbii suur-sagalee, fi kkf dabalachuu mala) (ajaja mana murtii ykn dhimma nageenyaaf jecha daangeffama mirgootaa hin dabalatu) | | | | | |
| Sochiiwwan namichi itti affeerame aadaa ykn fedhii isaa ni calaqqisiisu | | | | | |
| Namichi waantota aadaa ykn fedhii isaa calaqqisiisan niqaba (kun tapha, muuziqaa, meeshaalee aadaa, kkf dabalata) | | | | | |
| Bakki jireenya namichaa bifa namichatti toluun barbaaduun meeshaan kan guutee fi kan miidhegfame akkasumas wantota babbareedoo fi hawwatoo kan qabudha | | | | | |
| Namichi uffata haala dhuunfaa isaa fi ibsama enyummaa koorniyaa isaa ibsu qaba | | | | | |
| Namichi bakka jiraatu ilaalchisee filannoo gochuu danda'eera, **ykn** bakka haaraatti godaanuuf deggersa affeerameera. | | | | | |
| Namichi nama waliin jiraatu ykn kophaa jiraachuu ilaalchisee filachuu danda'eera, **ykn** bakka haaraatti godaanuuf tajaajilawwan deggersaa affeerameera. | | | | | |
| Yoo xiqqaate waggaatti, sadarkaa hojii ykn tola ooltummaa jijjiirrachuuf akka isa gargaaruuf filannoowwan odeeffannoo hojiiwwan ykn tola ooltummaa adda addaa barbaaduu affeeramee jira. | | | | | |
| Namichi yeroo isaa essatti akka dabarsu yeroo hunda ofiin murteessa (haalonni addaa haala qilleensaa hamaa, kunuunsa yaalaa, mana barnootaa fi kkf dabalata) | | | | | |
| Namichi guyyaa guyyaan maal gochuu akka qabu murteessuuf filannoo hedduutu kennamaaf (kana jechuun sochiiwwan yeroo hunda eyyamamu jechuu miti garuu namichi filannoo muraasa argachuu qaba jechuudha malee) | | | | | |
| Fedhii fi filannoo namichaa deggeruuf hojjettoota gahaatu jiru | | | | | |
| Namichi waa'ee gosaa fi hanga nyaataa isaa ilaalchisee murtii kennuu danda'a (daangeffama mirgaa sababa rakkoo fayyaa lubbuuf sodaachisuu hin dabalatu) | | | | | |
| Namichi amantii filannoo isaatiin isaaf kenname keessatti hirmaachuuf, amantiiwwan biroos yaaluuf mirga qaba (yoo barbaade), ykn amantii kam keessattuu hirmaachuu dhiisuufis mirga qaba | | | | | |

| Guddina dhuunfaa | Sirriitti itti waliif hin galu | Itti waliif hin galu | Hin beeku ykn ana hin ilaallatu | Ittin waliif gala | Sirriittin itti waliif gala |
|---|---|---|---|---|---|
| Namichi karoora nama-bu’ureeffate, madaallii fedhii dursaa ykn dookimentiiwwan biroo hawaasummaa tarreessan ykn sochiiwwan namichi keessatti hirmaachuu jaalatu ni qaba | | | | | |
| Guyyaa guyyaan, namichi sochiiwwan hawaasummaa ykn kan biroo isatti tolan adda addaa affeerameera. | | | | | |
| Yeroo baay’ee namichi sochiiwwan isaaf dhihaate keessatti hirmaachuu filata | | | | | |
| Namichi karoora isaa keessatti kaayyoo barnootaa, kan namichaan filatame, akkaataa qajeelfamaa fi deggersa hojjettootaa ofitti hamate qaba | | | | | |
| Kaayyoon barnootichaa wagga tokkoo gaditti milkaa’uu danda’a (yoo tarkaanfii yeroo dheeraatti ce’an malee) | | | | | |
| Namichi yeroo baay’ee kaayyoowwan barnootaa isaa keessatti hirmaachuu filata | | | | | |
| Karoorri barreeffamaa (kan dookimentii biroo irratti hojjetame) walabummaa namichaa beeksisu ni jira | | | | | |
| Sirni/adeemsi hojjettoonni kaayyoo fi karoora akka barreeffametti itti fufiinsaan raawwachiisan ni jira | | | | | |

| Mirgoota | Sirriitti itti waliif hin galu | Itti waliif hin galu | Hin beeku ykn ana hin ilaallatu | Ittin waliif gala | Sirriittin itti waliif gala |
|---|---|---|---|---|---|
| Mirgoonni namichaa karaa isaaf galuu danda’uun ibsameera, **ykn** namichaaf galuu yoo hin dandeenye, namichi abukaatoo isa deggeru ni qaba | | | | | |
| Yoo xiqqaate walakkaa waggaatti, namichi carraa dhaabbata ykn bakka buutota falmaa mirga dhunfaan wal qunnamuu ni yaadachiifama. | | | | | |
| Namichi irra deddeebiin waa’ee carraa sochiiwwan hirmaannaa hawaasummaa irratti barnoota argateera (akka fakkeenyaatti filachuu, yaa’ii mana maree magaalaatti hirmaachuu, hiriira nagaatti hirmaachuu, hawaasa jaalataniif deggersa agarsiisuuf tiishertii ykn mallattoo argachuu fi kkf dabalata) | | | | | |
| Namichi sochii hawaasummaa ykn abukaatummaa keessatti hirmaachuu barbaade, walitti fiduudhaaf hojjettoonni ni dalagu (fakkeenyaaf: gara yaa’iitti namicha geejjibsiisuu, abukaatoof bilbiluun wal qunnamsiisuu, kkf) | | | | | |

| Hunda galeessummaa hawaasaa | Sirriitti itti waliif hin galu | Itti waliif hin galu | Hin beeku ykn ana hin ilaallatu | Ittin waliif gala | Sirriittin itti waliif gala |
|---|---|---|---|---|---|
| Torban keessatti yeroo baay'eef, namichi mana, mana barnootaa ykn bakka hojii isaatti dabalataan carraa sirreeffamoota hawaasummaa adda addaa daawwachuu affeerameera | | | | | |
| Torban keessatti yeroo hedduuf, namichi carraa namoota qooddattoota daree, miiltoo hojii ykn hojjettoota hin ta'iin faana wal arguu dhiyaateeraaf | | | | | |
| Namichi yeroo kamitti iyyuu sochii hawaasummaa diduu ni danda'a gareen immoo filannoo namichaa ni kabaju (daangeffama mirgaa ykn ajaja seeraa sakatta'iinsa nageenyaa hin dabalatu) | | | | | |
| Sochiin hawaasummaa namichaa yoo hir'ate, tarkaanfileen madda rakkoo adda baasuu fi ibsuu, kanneen akka jijjiirama fedhii, hiriyyaa dhabuu, madaalliiwwan fayyaa ykn xiin-sammuu ni fudhatamu (fkn: dhiphachuu, rakkoo waa irraanfachuu, dhukkubbii, kkf), | | | | | |
| Waggaatti yoo xiqqaate yeroo lama, namichi waa'ee carraa dhaabbilee hawaasaa akka wiirtuulee bashannanaa ykn jiimii, kilaboota, manneen kitaabaa, liigiiwwan boowliingii, gareewwan tola ooltummaa, kkf keessatti hirmaachuu hubannoon ni kennamaaf | | | | | |
| Yoo ofiin barbaadetti, namichi miidiyaa hawaasummaa irratti hirmaachuuf deggersaa fi leecalloowwan barbaachisaa ni qaba | | | | | |

| Qarshii fi qabeenyota dhuunfaa | Sirriitti itti waliif hin galu | Itti waliif hin galu | Hin beeku ykn ana hin ilaallatu | Ittin waliif gala | Sirriittin itti waliif gala |
|---|---|---|---|---|---|
| Namichi waantota barbaaduu fi isa barbaachisan argachuuf qarshii ykn leecalloowwan diinagdee gahaa qaba, **ykn** tasgabbii diinagdee namichaa mirkaneessuuf karoorri barraa'e ni jira | | | | | |
| Namichi waantota dhuunfaa isaa kan baay'ee jaallatu dhorkaa malee fayyadama (fkn: bilbila harkaa, darbii atoobisaa, biskileeta, taphoota suur-sagalee, kompiyuuteraa, fi kkf) (nageenyaaf jecha ajaja mana murtii fi daangeffama mirgootaa hin dabalatu) | | | | | |
| Qabeenyawwan dhuunfaa namichaa hojjettoota, qooddattoota daree fi daawwatootaan ni kabajama | | | | | |
| Namichi guyyaa guyyaan filannoo uffatoota hedduun haala qilleensaan wal siman,mijaa'oo fi Uffatoonni/kopheewwan qaawwa (mudaa) irraa bilisa ta'an kan keessaa filatu ni qaba (yoo ofii barbaade malee) | | | | | |

| Fayyummaa qaamaa fi sammuu | Sirriitti itti waliif hin galu | Itti waliif hin galu | Hin beeku ykn ana hin ilaallatu | Ittin waliif gala | Sirriittin itti waliif gala |
|---|---|---|---|---|---|
| Namichi rakkoo fayyaa qabuuf ogeessi addaa akka ilaaluuf carraa argateera (fakkeenyaaf: ogeessa addaa dhukkubbaa, kiropiraakterii, xiin-sammuu, kkf) | | | | | |
| Fayyaa qaamaa namichaa eeguu fi fooyyessuuf karoorri barreeffame ni jira | | | | | |
| Fayyaa sammuu namichaa eeguu fi fooyyessuuf karoorri barreeffame ni jira | | | | | |
| Namichi mana jireenyaa, bakka hojii fi badhee isaatii bakka gahaa fayyaa qaamaa fi sammuu gargaaru qaba | | | | | |
| Namichi salaaxaa nyaachuu fi sochiiwwan dhuunfaa qofa gochuun alatti karaawwan fayyaa sammuu fi qaamaa ittiin eeggatan biroon dhiyaateeraaf (fknf: gara paarkiiwwan babbareedoo deemuu fi yeroo irbaata nyaatanitti shubbisa gochuu) | | | | | |
| Namichi dhaqqabamummaa kunuunsa fayyaa aadaan wal simu, akkaataa ogeessa fayyaa heyyama qabuun gorfameen ni argata | | | | | |
| Akkaataama barbaachisummaa isaatti turjumaanni beellama fayyaa irratti ni dhiyaata | | | | | |
| Manni jireenyaa namichaa irra jireessaan qulqulluu, kan qixaa'ee fi akka gaariitti kan suphamedha (kanneen akka hafata lafaa, saanduqa uffata, saanduqa dhaabbataa, kkf) fa'a | | | | | |
| Namichi karaa isaaf galuun, odeeffannoon akkaataa itti dhukkuboota daddarboo irraa mataa isaanii fi kanneen biroo itti eeggatan kennameeraaf | | | | | |
| Namoonni namicha gargaaran mallattoo cinqamuu ilaalchisee akkamiin akka hubatanii fi deebii itti kennan ni beeku | | | | | |
| Yoo namichi barbaade, seenaan jeeqama sammuu ykn tiraawumaa isaa karoora namichaa keessatti qajeelfama akkaataa kanneen biroon itti isa deggeraniin ni galma'a | | | | | |
| Namoonni namicha gargaaran akkamittiin mallattoo jeeqama sammuu akka hubatanii fi jeeqamichi akkamittiin amala, muuxannoo, fayyaa fi kkf namichaa irratti akka mul'atan irratti leenjii fudhataniiru | | | | | |

## Meeshaale kana fayyadamuun jireenya namichaa irratti jijjiirama gaarii ni fida

Amma meeshaan kun xumurameera, qulqullina jireenyaa isaanii fooyyessuuf wantota jijjiiramuu ykn fooyya'uu qaban ilaalchisee akka gareetti wantota irratti ni mari'atama ykn ni xiinxalama; gareen deggersaa waan godhan yoo sirriitti hin beekan ta'e:

- Gindeessaa karoora nama bu'ureeffate irraa karaa (fuula marsaaratii, gara "qindeessitoota karooraa" irratti geessuun kutaa "Tarreeffama qindeessaa karoora nama bu'ureeffate" jedhu irra geessuun qindeessaa naannoo kee jiru irraa gorsa gaafadhu)
- Dhaabbilee biroo ykn dhiheessitoota biroo ykn bulchitoota dhimmaa waliin ta'uun yaada waliif qoodaa
- Yaada kam iyyuu raawwachiisuuf, bulchaa dhimmaatti gaaffii hojjetaa dabaluu galchuuf hojjetaa dabaluun yoo barbaachise itti yaadi
- Yoo rakkoon hojjetaa irra deddeebiin mudatee jireenya namichaa hube, hojjetaa argachuu fi bakkatti deebisuuf jecha Fuula Hanqina Humna Hojii DHS ilaali
- Deggersa tekinikaa DHS karaa PositiveSupports@state.mn.us qunnami.

Meeshaan kun namni ykn gareen isaanii qulqullina jireenyaa madaaluu fi fooyyessuu akka itti fufan mirkaneessuuf jecha ji'oota ykn waggoota hedduuf to'atamuu danda'a. Karaan ittiin carraaqqii faana dhahan tarkaanfii/kaayyoo adda baasuu fi karoora qinda'aa deggersaa fi tajaajilaa namichaatiin qindeessuuni dha.